

**Sagantaaleen IEC karaa taatewwan babal'aa mana baruumsaa keessatti hirmaachutiin hawasaa mana baruumsaa hunda waliin qindoominni akka taasifamu ni deeggaru.**

| Manneen barnootaa | Teessoo | Qunnamtii |
|---|---|---|
| **Manneen Barnootaa Sadarkaa Tokkoffaa (Wagaa 1 hanga 6)** | | |
| Mana Baruumsa Sadarkaa Tokkoffaa Atwell* | 160 Lydon Boulevard, Atwell 6164 | 6174 2400 |
| Mana Baruumsa Sadarkaa Tokkoffaa Beaconsfield | 5 Hale Street, Beaconsfield 6162 | 9432 1000 |
| Mana Baruumsa Sadarkaa Tokkoffaa Dianella | Laythorne Street, Dianella 6059 | 9263 5100 |
| Mana Baruumsa Sadarkaa Tokkoffaa Eddystone* | Littorina Avenue, Heathridge 6027 | 9406 5100 |
| Mana Baruumsa Sadarkaa Tokkoffaa Ellenbrook | 65 Fortescue Place, Ellenbrook 6069 | 9297 7300 |
| Mana Baruumsa Sadarkaa Tokkoffaa Highgate | 147 Lincoln Street, Highgate 6003 | 9253 2700 |
| Mana Baruumsa Sadarkaa Tokkoffaa Koondoola | 50 Burbridge Avenue, Koondoola 6064 | 9345 6200 |
| Mana Baruumsa Sadarkaa Tokkoffaa Nollamara | 101 Harrison Street, Nollamara 6061 | 9413 1550 |
| Mana Baruumsa Sadarkaa Tokkoffaa Parkwood | Zelkova Way, Parkwood 6147 | 9235 1411 |
| Mana Baruumsa Sadarkaa Tokkoffaa Thornlie | 86 Thornlie Avenue, Thornlie 6108 | 9232 3480 |
| **Manneen Barnootaa Sadarkaa Lammaffaa Olaanaa (Waggaa 7 hanga 10)** | | |
| Mana Baruumsaa Sadarkaa Lammaffaa Olaanaa Balga | 2 Markham Way, Balga 6061 | 9247 0219 |
| Kolleejjii Greenwood | Coolibah Drive, Greenwood 6024 | 9243 9200 |
| Mana Baruumsaa Sadarkaa Lammaffaa Olaanaa Lynwood | 436 Metcalf Road, Parkwood 6147 | 9354 0600 |
| Mana Baruumsaa Sadarkaa Lammaffaa Olaanaa Melville | 18 Potts Street, Melville 6156 | 6274 1300 |
| **Manneen Barnootaa Sadarkaa Lammaffaa Olaanaa (Waggaa 11 fi 12)** | | |
| Kaampaasii Olaanaa Cyril Jackson | 53 Reid Street, Bassendean 6054 | 9413 4720 |
| Kaampaasii Olaanaa North Lake | 188 Winterfold Road, Kardinya 6163 | 9314 0444 |

*Manneen barnootaa kunneen yeroo ammaa barattoota baqattuummaa ykn barnoota daangeffame irraa dhufaniif sagantaalee Sadarkaa Tokkoffaa Duraa ni gaggeessu.

Oromo

Department of Education
GOVERNMENT OF WESTERN AUSTRALIA

# Wiirtuwwan Ingiliffaa Bal'aa/ Gadi Fageenya Qabu

## barattoota sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaa





## Wiirtuwwan Leenjii Ingiliffaa maalidha?

**Wiirtuwwan Leenjiwwan Ingiliffaa (IECs), barattoota haaraa dhufanii manneen barnootaa mootummaa Lixa Awustiraaliyaa keessatti argamanitti galmaa'udhaaf kanneen ulaagaa guutan Ingiliffa akka Afaan yookin Loqoda Dabalataa (EALD) tti barsiisudhaan kan beekamaniidha.**

Barattoonni IEC biyyoota addaa addaa irraa aadaa fi afaan garaa garaa fidanii dhufuudhaan naannoo mana baruumsatti haala mijataa, naannoo hunda galeessa uumuu keessatti gumaacha gochaa jiru. Turtiin bakka IEC taasifamu viizaa barattoota fi fedhii isaanii irratti hundaa'uun hanga ji'oota 12 (yookin bakka barattoonni viizaa namoomaa qabatan jiranitti ji'oota 24) dha.

Wiirtuwwan Leenjii Ingiliffaa manneen barnootaa gurguddoo ta'an keessatti ni argama. Manneen barnootaa mootummaa naannoo meetirooppoolitaanii Perth tti argaman keessatti wiirtuwwan kudha afurtu jira – saddeet manneen barnootaa sadarkaa tokkooffaa keessatti, afur manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa keessatti akkasumas lama kaampaasiwwan mana baruumsaa olaanaa keessatti argamu.

Sagantaaleen IEC, barnootaa hawaasa mana baruumsaa waliin tokkummaan akka taasifamu ni jajjabeessa; kunis sagantaalee guutummaa mana baruumsaa keessatti taasifaman kanneen akka sosochii fi deemsaa barnootaa, spoortii kaarnivaalii, sagantaalee hawaasaa fi wal-gahiiwwan irratti hirmaachudhaani.

IECs Sadarkaa Jalqabaa barattoota umuriin isaanii waggaa 5 hanga 11 ta'aniif wiirtuwwan sadi ni dhiyeessa; kunis barattoota umuriin isaanii waggaa 4 kanneen sababa namoomatiin seenaniif barnoota Sadarkaa tokkoffaa duraa kennuudhani. IECs sadarkaa lammaffaa barattoota umuriin isaanii waggaa 12* hanga 16 ta'aniif tajaajila ni kenna. IECs olaanaan barattoota umuriin isaanii waggaa 16 fi isaa oliitiif tajaajila ni kenna.

*Barattoonni kutaa 7ffaa keessatti mana baruumsaa sadarkaa lammaffaa keessatti eegalan bara sana Adoolessa dursa tarii umurii 11 yookin 12 guutuu danda'u.

## Fayidaalee IEC

- Leenjii afaan Ingiliffa bifa adda ta'een barsiisuun barattoonni sirna barnootaa ijoo ta'an akka argatan gochuudhaaf dandeettii isaanii gabbisuudha fi qajeelfama kennuudhaaf gargaara.
- Dareewwan bal'inni isaanii xiqqaa ta'an baruumsa dhuunfadhaan baratamu deeggaru.
- Naannoo kunuunsuu keessatti deeggarsa aadaa taasisa.
- Barsiisota addaa fi hojjattoota gargaartota ta'an.
- Daa'imman umuriin isaanii mana baruumsa sadarkaa tokkoffaatiif tajaajila baasii guyyaa guyyaa bilisa ta'e.
- Tajaajilawwan waldhaansa fayyaa adda ta'e argachuu.

## IEC keessatti sirna barnootaa

Wiirtuwwan Leenjii Ingiliffaa Sirna Barnootaa Lixa Awustiraaliyaa irratti hundaa'uun sagantaalee barnootaa garaa garaa dhiyeessu.

Sirni barnootaa IEC keessatti argamu kan irratti xiyyeeffatu fedhii barattoonni afaan Ingiliffaa barachuuf qaban irratti. Barattoonni gara dareewwan gurguddoo fi gosoota barnootaa ijoo ta'an kanneen akka Herreegaa, Saayinsii, Saayinsii Namoomaa fi Hawaasaatti suuta akka cehaniif isaan gargaarufi.

Barattoonni Ingiliffa akka baratanii fi barnoota umurii isaanitiin wal-gitu akkasumas Lixa Awustiraaliyaa keessatti haala qabatamaa hawaasa manneen barnootaa waliin akka wal- baran gochuuf IEC'n ni gargaara. Barattoonni mana baruumsaa naannoo isaanitti argamutti rakkoo malee akka darban mirkaneessudhaaf IECs fi manneen barnootaa naannotti argaman wal-ta'iinsan hojjatu.

## Hojjattoota IEC keessa jiran

IECs barsiisota EALD fi Gargaartota Baruumsa Gosaa/Sanyii (EEAs) qacara. Barsiisonni EALD muuxannoo kan qabanii fi akkaataa Sirna Barnootaa Awustiraaliyaa Lixaa waliin wal-simuun ogeeyyii sagantaalee umuriidhaan wal-simataa ta'ee fi EALD yerodhaaf ta'e kennuudhaaf ogummaa qabaniidha. EEAs afaanota heddu, tarii afaan jalqabaa barattoota IEC kan of-keessatti hammmachuu malu, dubbatu.

## IEC argachuu

IEC dhaaf galmaa'udhaaf ulaagaalee irratti kan hundaa'u yoo ta'u, tarii kanneen armaan gadii of-keessatti hammachuu mala:

- Barattoota kutaa 1ffaa hanga 12ffaa gidduu jiranii fi Ingiliffa barachuudhaf haaraa kan ta'an, kanneen Awustiraaliyaa keessatti dhalatan dabalatee;
- Barattoota viizaa namoomaa qabanii fi mana baruumsa sadarkaa jalaqabaa duraa hanga kutaa 12ffaa ta'anii; fi
- Barattoota kanneen yeroo ji'a 6 caalu booda gara Awustiraaliyattii deebi'an.

## IEC keessatti galmaa'uu

- Beellama qabachuudhaaf IEC naannoo keessan qunnamaa. (Wiirtuu dhiyeenyatti argamu barbaadudhaaf tarreeffamoota IEC ilaalaa)
- Odeeffannoowwan armaan gadii galmeedhaaf ni barbaachisu:
  - guyyaa itti Awustiraaliyaa dhaqqabdan;
  - maqaa barataa;
  - teessoo ammaa;
  - afaanota/loqoda manatti dubbatamu;
  - lakkoofsa kutaa viizaa; fi
  - odeeffannoowwan qunnamtii.
- Adeemsa galmee deeggaruudhaaf geejjiibni gara IEC geessu fi deebisu akkasumas tajaajilli hiika afaanii kaffaltii irraa bilisa ta'e jira.

